
Karoora Qoodamiinsa Mallaqaa Itti Waliif Galamee

Qabiyyee

1	Hiika Jechootaa fi akka jechi itti hiikamu	1
1.1	Hiika Jechootaa	1
2	Haala Qoodamiinsa Ida'ama Mallaqa Itti Waliif Galamee	4
2.1	Bulchiinsa Karoora Qoodamiinsa Mallaqa itti Waliif Galamee	4
2.2	Eegaltii Karoora Qoodamiinsa Mallaqa itti Waliif Galamee	5
2.3	Hojii, Dirqamaa fi Gahee Hojii Geggeessaa	5
2.4	Sirreeffama	5
2.5	Baasii hojii Raawwachiisuuf ba'u	5
3	Calallii fi galmeessuu Miseensa Garee	5
3.1	adda baasuu/calallii	5
3.2	Galme'e Miseensota Garee	6
3.3	Ijoollee fi nama qaamaan miidhamama qaban (Disability)	7
4	Dirqama Miseensota Garee	8
5	Miseensota Gareetiif Hubachiisa Jalqabaa	8
6	irra deebi'amee laalamuu (Gamaaggamuu)	9
6.1	mirga irra deebi'amee akka laalamu gaafachuu	9
6.2	Adeemsa irra deebi'amee akka laalamu gaafachuu	9
6.3	Irra deebi'amee akka laalamu gaafachuu dhabuu	9
6.4	Adeemsa irra deebi'amee laalamu	9
6.5	Argannoon Xiinxalaa walabaatiin godhamu (Gamaaggamaa) kan xumuraafi seeraan hojiirra kan ooluudha	10
7	Himannaa irra dhoorgamuu	10
8	Shallaggii kafaltii Miseensota Garee ulaagaa guutaniif godhamu	11
9	Hubachiisa Qorannaa (Notice of Assessment)	11
10	Kafaltii Ida'ama Waliif galaa keessaa	11
10.1	Baasii Himattootoonni baasan deebisuufii	11
10.2	Kafaltii Miseensa Gareetiif	11

11	Hubachiisa Kafaltii Waliif galteef godhamu	11
12	Hubachiisota	12
13	Yeroon itti ta'u	12
14	Xumura Bulchiisa (kan Hojii Geggeessaa)	12
	14.1 Gabaasa qoodamiinsaa	12
	14.2 Xumura qaama bulchiinsaa jalatti	13
15	Akka jechi itti hiikamu/hiikaa jecha kanaa	13

Dugduubee/seenaa

- A Himataa fi Himatamaan Waliif Galtee godhanii jiru.
- B Karoorari Haala Qoodamiinsa Ida'ama mallaqa itti waliif galame kun tartiiba fi akkaataa idamni mallaqaa kuni Waliif galtee godhame irrattii fi haala Manni Murtii raggaasiseen akka itti qoodamu kaaya.
- C Karoorri Haala Qoodamiinsa Ida'ama mallaqa itti waliif galame kuni hamma ajaja Mana Murtiitiin raggaasifamutti hojii irra hin oolu.
- D Karoorri Haala Qoodamiinsa Ida'ama mallaqaa itti waliif galame kuni, wantoota godhamuu qaban kan asii gaditti tarreefamarii fi qabiyyee biraatis of keessaa qaba:

Barreessaan Damee Fayyaa (Department of Health), Professor Euan Wallace AM Karoorra Qoodamiinsa Ida'ama mallaqaa itti waliif galame irratti Hojii Geggeessaa (Bulchaa) ta'anii filatamnii jiru.

Hojii Geggeessaan kuni galmee Miseensitaa Garee ni qopheessa, Ulaagaa Miseensota Garee kan guutan ni tarreessa/barreessa.

Hojii geggeessaan Miseensota Gareetiif Hubachiisa jalqabaa akka ida'ama mallaqaa keessaa gahee isaanii argataniif akka galmaahan ni gaafata.

Hojii Geggeessaan Mallaqa deebifamuu/bakka buusamu qabu Himattootaaf ni deebisa.

Hojii Geggeessaan namoota Miseensa Garee ta'an kan ulaagaa guutan hundaaf hamma kennamuu qabu ni shallaga.

Hojii Geggeessaan name ulaagaa Miseensa Garee tahan hundaaf Hubachiisa Qoraannaa (Notice of assessment) ni erga.

Hojii Geggeessaan Mallaqa deebi'uu qabu irraa erga hirdhiseen boodatti mallaqa sanirraa hafe namoota ulaagaa Miseensummaa Garee guutaniif raabsa.

Waadaa walii galtee

1 Hiika Jechootaa fi akka jechi itti hiikamu

1.1 Hiikkaa Jechootaa

Jechoonni Hiikka asii gaditti kennameef qabaatu tarii qabiyyeen inni qabaatu adda yoo ta'e malee:

Act (Actii)	Kana jechuun <i>Supreme Court Act 1986</i> (Vic).
Hojii Geggeessaa	Jechuun Barreessaa Damee Fayyaa, Professor Euan Wallace AM.
umrii Ga'eessaa	Jechuun Nama gaafa guyyaa 4 July 2020 waggaa 16 oli ture jechuu.
ASOC/ (HIFDH)	Hima Iyyanna Fooyya'ee dhihaatee (HIFDH) kan gaafa 24 September 2021 Jechuudha.

Ajaja Raggaasisaa Guyyaa	<p>Jechuun xalayaa gaafa guyyaa kan:</p> <p>(a) yeroon itti ol-iiyannaan Ajaja ragaasisa manni murtii godhe irratti ol iiyannaa yookiin lyyata hayyama ol-iiyannaa otuu hin galchiniin duratti yeroon kennama kan raawwate yoo ta'e; fi</p> <p>(b) manni murtii ajaja raggaasisaa yoo godhe ol-iiyanoon (application) yookiin hayyamni ol-iiyannoo akka kennamu yoo gaafatamuu kan eegalu yoo ta'e, guyyaa murtiin dhumaa kenname irraa guyyaa dalagaa sadi keessatti dhimmi itti iyyatame galchamuu qaba.</p>
Ajaja Raggaasifame	<p>jechuun ajaja Manni Murtii kan keeyyata 33V Act/Actii keessattii kan walii galteen himannaa irratti raaggaasifamee, fi haalduree Waliif galtee fi raggaasisa Karoora Qoodamiinsa Mallaqaa (yookiin Karoora Qoodamiinsa Mallaqaa kana fi wanta/waan Mana Murtiitiin kanarratti fooyyeesse/jijjire dabalatee) irratti hundaayuun ajaja murteeffame.</p>
Business day (guyyaa dalagaa)	<p>Jechuun Guyyaa Baankiin daldalaaf banaa Magaala Meelbarnitti osoo guyyaa Sanbata, Dilbata fi Guyyaa Ayyaanaa hin dabalatin.</p>
Daa'ima/ljoollee	<p>Ilma waggaa 16 gadii yeroo 4 July 2020.</p>
Himannaa	<p>Jechuun Himannaa Himattootaa fi Miseenota Gareetiin akka ASOC/HIFDH isaanii irratti ibsameefi deebii isaa kan 27 January 2022, fi Himannaa dhimma kanaan walfakkaatu yookiin kan dhimma kanarraa maddan yookiin dhimma adeemsa falmii kanaan walqabatu yookiin waan kana ta'ee fi kan kanaan walfakkaataa ta'e himannaa dhihaate jechuudha.</p>
Mana Murtii	<p>Mana Murtii Ol'aanaa Victooriyaa jechuudha.</p>
Himatamaa	<p>Mootummaa Victooriyaa jechuudha</p>
Miseensa Garee Kan ulaagaa guutan	<p>Miseensa Garee kan Karoora qoodamiinsa ida'ama mallaqa Waliif itti galamee irratti hundaa'uun hojii geggeessaan Ida'ama walii gala keessaa argachuuf ulagaa guutu raggaasise.</p>
Estate Towers	<p>Jechuun Teessoolee asii gaditti kaa'amanidha:</p> <ul style="list-style-type: none"> • 12 Holland Court, Flemington 3031; • 120 Racecourse Road, Flemington 3031; • 126 Racecourse Road, Flemington 3031; • 130 Racecourse Road, Flemington 3031; • 9 Pampas Street, North Melbourne 3051; • 12 Sutton Street, North Melbourne 3051; • 33 Alfred Street, North Melbourne 3051; • 76 Canning Street, North Melbourne 3051; fi

- 159 Melrose Street, North Melbourne 3051.

Yeroo Jalqabaa	4.00PM yookiin 4.30PM Gaafa 4 July 2020 Hamma 5.00PM gaafa 9 July 2020 (yoo kan 9 Pampas Street, North Melbourne fi 159 Melrose Street, North Melbourne) fi Naannoo sa'atii 4.00 4.30PM guyyaa 4 July 2020 (yookiin xiqqo sa'atii san booda) irra hamma 11:59PM gaafa guyyaa 9 July 2020 yoo Estate Towers kanaan alaa kan ta'u yoo ta'e jechuudha.
Miseensa Garee	Hiiika HIFDH irratti hundaa'uun nama Miseensa Garee t a'e, Kan Himannaa Keessaa of hinbaasin fi kan Himannaa keessatti hin deebi'in Akka Keeyyata lakkoofsa 33J kan Aktiittii, fi Himattootas of keessaatti hammata.
Kafaltii Miseensa Gareetiif	8 bu'uureeffachuun hammam akka ta'e kan Hojii adeemsisaan shallagame fi Miseensota gareetiif raabsame.
Hubachiisa Jalqabaa	Hubachiisa Keeyyata 5 keessatti ibsame jechuudha.
Ijoollee	Akka Seera Ajaja Lakkoofsa 15 irratti hundaa'uun Ijoollee Miseensa garee ta'uu danda'ann jecchuudha.
Hubachiisa Qorannaa (Notice of Assessment)	Jechuun hubachiisa keeyyata 11 keessatti ibsame jechuudha.
Hubachiisa Kafaltii waliigalteef godhamu	Jechuun hubachiisa keeyyata 11 jalatti akka ibsametti.
Nama Miidhama Qaamaa qabu	kana jechuun Actii keessatti Keyyata 33A fi Seera jalatti Ajaja lakkoofsa 15 jalattitt "Nama Miidhama Qaamaa qabu' jechuudha.
Gatii Abbaa seeraa kan Himattooni baasan	Kana jechuun baasii Himataan dhimma seraatiif fi kafaltii isaan ofiif baasata fi/yookiin Miseensota garee hunda bakka bu'annii fi Baasii akka Iyyannaan Walii Galtee kun mana Murtiitiin Ragga'uuf Jecha Himattoonni baasan.
Himannaa	Hassan v State of Victoria S ECI 2021 00826 jechuudha.
Hamma baasame bakka buusuu	Himattoonni Ida'ama mallaqaa kennamee irraa shoora akka dureetti taphataniif Ida'ama Mallaqa Waliif-galtee keessaa bahee akka kafalamuuf Manni Murtii akka raggaasisuuf kan gaafatan kamiyyuu jechuudha.
Galmees Miseensota Garee	Galmees Hojii Geggeessaan qophaa'e kan Miseensonni Garee Waliif-galtee qoodamiinsa mallaqaa keessatti hirmaachuuf guyyaa galmeen itti xumuramu duratti galmaahan jechuudha.

Guyyaa itti Galmaahan	kana jechuun Gaafa guyyaa 27 June 2023 kan Miseensonni Garee Qoodamiinsa Waliif galtee keessatti qooda fudhachuuf guyyaa xumuraa kan yaada hirmaachuu isaanii itti beeksisan jechuudha.
Yeroo dhimmi ilaallatu	Yeroo tokkoffaa fi lammaffaa jechuudha.
Seera	Jechuun <i>Supreme Court (General Civil Procedure) Rules 2015</i> (Vic) jechuudha.
Kaayyoo Karoora	Karoora Qoodamiinsa ida'ama Waliif-galamee kun nama bulchu wanni itti godhameef bu'aan Miseensota Garee hundaa eegamuu fi, keessattiyyuu, madaallii gidduu: <ul style="list-style-type: none"> (a) Karoora Qoodamiinsa Mallaqaa jalatti hamma danda'ametti namni Ulaagaa Miseesna Gare ta'u Kafaltii Waliif-galtee kana akka argatuuf yeroon madaalaa'aa ta'e kennamuu; (b) Karoora Qoodamiinsa Mallaqaa kuni yeroo hojii irra jiru baasiin bulchiinsaa (administration costs) madala'aa ta'uu fi Tooftaan Karoora Qoodamiinsa Mallaqaa kuni hojiitti yeroo hiikamu mijaa'aa fi Madaalawaa ta'uu fi Bu'aa Miseensota Garee dimshaashatte hubannaa keessa galchee baasiin akka hin qisaafamne kan godhu; fi (c) Yeroo madalaawaa ta'etti Ulaagaa Miseensota Garee nama guutaniif kafaltiin Walialiigaltee irraa kafalamuuf godha.
Karoora Qoodamiinsa Mallaqaa Itti Waliif Galamee	Karoora Qoodamiinsa Mallaqaa Waliif galtee kan Mana Murtiitiin raggasifame, Kan Schedules fi Annexures (dabalata) keessatti ibsames dabalatee.
Yeroo lamaffaa	11.59 pm Gaafa guyyaa 9 July 2020 irraa hamma 11:59pm 18 July 2020.
Waan irratti Waliif galame	Walii galtee Gaafa guyyaa 3 March 2023 kan paartiilee (murnootaan) godhame jechuudha.
Ida'ama itti Waliif galame	Baasii seeraaf ba'uu fi mallaqa fandii keessaa bahuun alatti qarshii AUD 5 000,000.000 dhala (interest) hamma jirufi mallaqa bakka buufamu dabalatee jechuudha.
Safartuu (unit)	Miseensi Garee kan ulaagaa guutu, keeyyata 8 irratti hundayuun Ida'ama Waliif-galtee keessaa hamma argachuu qabu.

2 Qoodamiinsa Ida'ama Mallaqa Itti Waliif Galamee

2.1 Bulchiinsa Qoodamiinsa Mallaqa itti Waliif-Galamee

Barreessaan damee Fayyaa, Professor Euan Wallace AM Hojii Geggeessaa Ida'ama Waliif itti Galameeti.

2.2 Guyyaa Karoorri Qoodamiinsa Mallaqa itti Waliif-Galamee eegalu

Karoorri Qoodamiinsa Mallaqa itti Waliif-Galamee kan eegalu guyyaa Manni Murtii Ajaja Raggaasiseedha.

2.3 Hojii, Dirqamaa fi Gahee Hojii Geggeessaa

- (a) Hojii Geggeessaan otuu Dirqamaa fi Gahee hojii geggeessaa kan Karoora qoodamiinsa ida'amaa itti Waliif galame irratti kennameef irratti dhiibbaa hin fidin , hojii geggeessaan:
 - (i) Karoora qoodamiinsa mallaqaa fi Kaayyoo tarsimichaa irratti hundaayuun Dirqamatti Ida'ama Waliif galtee kana tohachuu fi qooduu qaba;
 - (ii) Karoora Qoodamiinsa Mallaqaa fi Kaayyoo Karoora fi ajaja Mana Murtiin dabre irratti hundaayuun hamma dandayamettuu saffisaan Hojii adeemsisuu qaba;
 - (iii) Hojii Geggeessaan yeroo hojii raawwatu, amantummaa gaarii fi, of-eeggannaa godhuunii fi bu'aa Miseensa dhuunfaa bakka bu'anii osoo hin tahin akka fedhiin Miseensota Garee ta'an hundaaf eeggamutti;
 - (iv) qaamni sadaffaa tajaajila kennan kanneen akka , abbootii seeraa, gorsaa gibiraa (tax advisors), tajaajila galme warra kennan fi manneen poostaa akka qooda fudhattan gochuu dandaha;

2.4 Sirreeffama

Karoora Qoodamiinsa Mallaqaa kana hojii irra oolchuu keessatti Hojii geggeessaan yeroo isaaf toletti dogongora, dogongora hojii irratti uumame (dadhabbiif, dagachuu fi kkf irraa uumame) yookiin waan dagatame sirreessuu dandaya.

2.5 Baasii Hojii Geggeessaa

Baasiin Hojii Geggeessaaf ba'u Idama Waliif-galtee keessaa hin hirdhifamu fi kan kafalu Himatamaadha.

3 Calallii fi galmeessuu Miseensa Garee

3.1 Adda baasuu/calallii

- (a) Hojii Geggeessaan hamma danda'ameen eenyummaa, ulaagaa guutuu fi umrii Miseensota Garee kan Qoodamiinsa Ida'ama irratti-Waliif-galamee keessatti qooda fudhatan hunda adda baasuu yaaluu qaba;
 - (i) Hojii Geggeessaan odeeffannoo (Maqaa, koorniyaa (saala), guyyaa dhalootaa fi teessoon) Miseensota Garee kan qoodamiinsa Ida'ama Waliif itti galamee keessatti qooda fudhatan kan Hojii geggeessaan uf biraa qabu yookiin gama biraa irraa argachuu dandayuun kan walfakkaataa ta'uu isaa ni raggaasisa;
 - (ii) Eenyummaa Miseensota Garee adda baasuuf bilbilan, imeeliin, miidiyaa hawaasaa (social media) ti fi gama biraatiin miseensota Garee ni qunnama;

- (iii) Miseensonni Garee eenyummaa isaanii fi yeroo dhimmi ilaallatu sanatti Estate Towers keessaa jiraachuu yookiin achi turuu akka labsiin (declaration) godhan gaafachuu (yookiin, yoo nama qaamaa miidhama gabu ta'e, bakka bu'aan yookiin namni itti gaafatama qabu calalli akka jedhamee kanatti akka dhiheessu gaafachuu), fi/yookiin dokumantii biraa kan Miseensa Garee ta'uu raggaasisuu fi ulaagaa qoodamiinsa Ida'ama itti Waliif-Galamee guutuu kan agarsiisu akka dhiheessan gaafata; fi
- (iv) hamma danda'een Miseensa Garee ta'ee Ida'ama qoodamiinsa Waliif itti Galamee keessatti hirmaachuuf eenyummaa fi ulaagaa guutuu adda baafachuuf iyyaafannoo barbaachisaa ta'e barbaaduu fi Odeeffannoo irraa argachuuf Miseensa Garee yookiin nama biraa af-gaaffiif (interview) akka dhihaatu gochuu.
- (b) Hojii Geggeessaan yeroo isaaf mijatetti eenyummaa fi Ulaagaa Miseensa Garee guutuuf adda baasuuf tarkaanfii akkamii akka fudhatu murteeffachuu dandaya.
- (c) Hojii Geggeessaan Eenyummaa yookiin miseensi Garee ulaagaa Ida'ama mallaqa itti Waliif-galamee keessatti hirmaachuu guutuu isaa addaan baafachuu yoo hin dandayin, Hojii geggeessaan akka Miseensichi Garee suni Qoodamiinsa Ida'ama Waliif-galamee keessatti qooda hin fudhanne gochuu dandaya.

3.2 Galmeesoota Garee

- (a) Hojii geggeessaan erga Manni Murtii ajaja raggaasisaa kennee booda, hamma danda'ametti saffisaan galmeesoota Garee qopheessuu qaba.
- (b) Hojii Geggeessaan dirqamatti:
 - (i) Galmeesoota Garee kaa'uu qaba;
 - (ii) akka hubachiisni Miseseesoota Gareetiif ergamu godhuu qaba;
 - (iii) Qoodamiinsa Ida'ama Mallaqaa keessatti qooda fudhachuuf Iyyata Miseseesoota Garee hundaa qorachuu qaba;
 - (iv) Akka Miseensonni Garee Ulaagaa guutan kafaltiin kennamuuf godhuu; fi
 - (v) Qoodamiinsa Ida'ama Mallaqaa itti waliif godhamee yeroo xumuretti, Mana Murtiitiif gabaasa kafaltii Miseseesoota Gareetiif godhamee fi Ida'aimni mallaqa itti Waliif galamee hundi xumuramuu mirkaneessaa qaba.
- (c) Murnoonni/yookiin paartileen, Odeeffannoo asii gadii hamma qabanitti, Ajajni Mana Murtiitiin kennamee guyyaa shan keessatti Hojii geggeessaaf:
 - (i) Kooppii Hubachiisa Himata keessaa of baasuu kan dhihaate Hojii Geggeessaaf erguu; fi
 - (ii) Iddoo jireenya dhumaa kan Miseseesoota Garee jiraachaa turuun isaa beekkamu Hojii Geggeessaaf beeksisuu.
- (d) Yeroo (waqtii) Ajani raggaasisaa kennamutti, Galmeesoota Garee keessatti namoonni hubachiisa keessaa of baasuu galchaniif fi kan of baasanii hin deebi'ain akka hin galmooftu gochuu qaba Hojii Geggeessaan.
- (e) Galmeen Miseseesoota Garee odeeffannoolee ulaagaa Miseseesummaa Garee ta'uun wal qabatu kanneen akka asii gadii of keessaa qabaata:

- (i) maqaa;
- (ii) odeeffannoo qunnamtii (akka itti si qunnaman):
 - (A) Iddoo amma jiraattu;
 - (B) lakkoofs bilbilaa; fi
 - (C) Teessoo Imaillii.
- (iii) guyyaa dhalootaa;
- (iv) yeroo dhimmichi ilaallatu Estate Towers keessatti Teessoon/address Miseensi Garee jiraate yookiin nama laalchaaf (ziyaaraaf) dhufee ture;
- (v) yeroo dhimmicha ilaallatu Miseensi Garee Jiraataadha moo Keessummaa ture;
- (vi) miseensi Garee ida'ama mallaqaa keessatti qoodha fudhachuuf ragaa ittiin adda baasamuufi Iyyannoo miseensummaa Garee ta'uu ragaa qarqaaru danda'u kan dhihaatuu danda'an keessaa, Kooppilee kanniini (ragaa as jalatti hin eeramin ta'uunis ni mala):
 - (A) Walii galtee Manaa (lease) kan yeroo dhimmichi ilaallatu of keessatti hammatu;
 - (B) gaaffii kafaltii (invoice) bilbilaaa, elektirikii, intarneetii, gaazii yookiin baank staatimantii yeroo san of keessatti hammatu;
 - (C) xalayaa fi dokumantii Medicare irraa siif ergame;
 - (D) xalayaa fi dokumantii Centrelink siif ergame;
 - (E) hayyama konkolaachisaa, Kooppii hayyama konkolaachisaa fi hayyama konkolaachisuu itti baraniin;
 - (F) Ragaa Miseensa Garee ta'uu fi eenyummaa, umrii fi Estate Towers keessatti teessoon kee eessa akka ta'e adda baafachuuf galmees /ragaan bakka irraa fudhatame; fi/yookiin
 - (G) Labsii Siidaa (statutory declaration) Miseensi Dhimmi ilaallatuun yeroo dhimmi ilaallatutti sana guutuu isaatti yookiin yeroo ta'eef jiraataa ta'uu yookiin nama ilaaluuf Estate Towers keessa turuu.

3.3 Ijoollee fi Miidhama Qaamaa Nama Qabu (Disability)

- (a) Hojii Geggeessaan sababa itti fakkaatu irratti hundaa'ee Miseensi Garee kan miidhama qaamaa qabu yookiin qabaachaa ture (jechi kuni ijoollees of keessatti hammata) jedhee itti amana yooo ta'u:
 - (i) Hojii Geggeessaan Hubachiisa barreeffamaan dhihaate kan akkas amanuu isaa mirkaneessu Miseensa Gareetiif ni erga;
 - (ii) Miseensi Garee Nama bakka isaa bu'ee dhimma isaa raawwatu eeruu dandaya, fi Keeeyyata xiqqaa 3.3(b), irratti hundaahuun Hojii Geggeessaan nama Miseensa Garee dhimma adeemsa fi Karoora qoodamiinsa Mallaqa itti Waliif-Galamee keessatti bakka buusuu dirqama qaba, fi;
 - (iii) Keeeyyata xiqqaa 3.1(a)(ii), irratti hundaahuun bakka bu'aan yoo hin eeramin, Hojii Geggeessaan Miseensa Garee sanaaf bakka bu'aa ni eeraaf akka inni dhimma Karoora Qoodamiinsa mallaqa itti waliif galamee irratti Miseensa Garee bakka bu'ee dalaguuf.

- (b) Hojii Geggeessaan, Bu'aa Miseensa Garee kan Miidhamaa qaamaa qabuuf:
 - (i) Nama Miseensa Garee bakka bu'u muuduu yookiin buusuu danda'a; yookiin
 - (ii) Bakka bu'aa Miseensa Garee gara nama biraatti geeddaruu danda'a.
- (c) Miseensi Garee tokko Miidhama hin qabu yoo ta'eyyuu yookiin miidhamaa qaamaa qabaachuu hojii geggeessaan itti amanuu baatus, yoo miseensi Garee nama bakka bu'u gaafate, Hojii Geggeessan bakka bu'aa muuduufiin ni mala. Keeyyata kana irratti hundaayuun Hojii Geggeessaan Miseensa Garee bakka bu'e nama mudame barreeffamaan beeksisuu qaba.
- (d) Yoo bakka bu'aan keeyyata 3.3(a) ,3.3(b) fi 3.3(c) irratti hundaa'uudhaan muudamu ta'e, Adeemsa qoodamiinsa ida'ama Waliif itti Galamee kuni haala asii gadii kanaan fooyyeffama:
 - (i) yoo kan Hojii Geggeessaan yookiin karoora qoodamiinsa ida'ama itti Waliif galamee keessatti hin ibsamin ta'een alatti, wanni Karoora qoodamiinsa ida'ama itti Waliif galamee fi hojii geggeessaan Miseensi Garee irratti dirqama godhe kan raawwaatu nama bakka buufameen (Iyyannaa irra deebi'amee haa laalamuus dabaltee);
 - (ii) Hubachiisaa fi xalayaan ergamu hundi guyyaa muudamaa irraa eegalee bakka bu'aa Miseensicha Gareetiif kennamuu qaba.
- (e) Keeyyata 3.3(a) fi 3.3(b) irratti hundaayuun bakka bu'aan yoo mudame, Karoora qoodamiinsa ida'ama Waliif galteetis Bakka bu'aan Miseensa Garee kaafalltii godhamu Miseensa Garee bakka bu'ee akka fuudhutti jijjiramuu qaba, yoo Manni murtii daangeesseen alatti.
- (f) Maatiin yookiin namni itti gaafatamummaa nama qaamaan miidhama qabuu kan ijoollee ta'e, yookiin bakka bu'aa nama qaamaa miidhamaa qabuu, hubachiisa iyyannaa fi dokumantillee biraa kan Karoora qoodamiinsa Waliif galtee kanaaf barbaachisu hunda nama qaamaa miidhamaa qabu, itti gaafatamummaa qabuuf yookiin bakka bu'ummaa qabuuf bakka isaa bu'ee guutee deebisuu danda'a.

4 Dirqamoota Miseensa Garee

- (a) Karoora qoodamiinsa ida'ama Waliif-galamee kana keessatti miseensi Garee bakka bu'aa seeraa (Abokaatoo) baasii ofiitiin yoo godheefi Ida'ama Mallaqa Waliif itti galamee keessaa gatiin abbaa seeraa fi wantoonni isa fakkaatan akka kafalamuuf iyyachuu yoo baate, abbaa seeraa bakka buufachuu seerri daangeessu hin jiru.
- (b) Miseensi Garee kamiyyuu Karoora Qoodamiinsa ida'ama Waliif galamee keessatti waan godhuu qaba jedhamee kaayamee fi waan Hojii Geggeessaan gaafate hamma danda'ametti godhuu qaba; kanniin dabalatee:
 - (i) Ajaja dhiheessuu, odeeffannoo fi dokumantillee, kan baankiitis dabalatee;
 - (ii) Karoora qoodamiinsa mallaqaa kanarratti qarqaaruuf angawoota (qaama motummaa) fi hojii geggeessaan hayyama barbaachisummaa qabu yoo gaafate kennuufii; fi
 - (iii) Guyyaa xumuraa kan Mana Murtiitii fi hojii geggeessaan kaa'ame hunda hojii irra oolchuu.

- (c) Miseensi Garee tokko dirqama isarra jiru kan Karoora ida'ama itti Waliif galamee keessatti labsame, yookiin ajaja Hojii Geggeessaan yookiin Mana Murtiitiin dhihaateef irratti dirqama isarra jiru bahuu yoo dhabe, Ajaja guyyaa dhumaa kennameefis dabalatee, Hojii Geggeessaan Miseensi Garee sun ulaagaa qoodamiinsa mallaqa itti Waliif galamee hin guunne jedhee murteessuu danda'a.
- (d) Miseensi Garee kamiyyuu lakkoofsa qunnamtii fi odeeffannoon baankii isaa ni jijjiirama yoo ta'e, yeroo itti jijjiirame irraa guyyaa dalagaa shan keessaatti hojii geggeessaa beeksisuu qaba.

5 Hubachiisa jalqabaa Miseensota Gareetiif

- (a) Hojii Geggeessaan hamma danda'ametti saffisaan Hubachiisa jalqabaa Miseensota Gareetiif erguu qaba yoo xiqqaate odeeffannoo asii gaditti ibsaman of keessaa qabaachuu qaba hubachiisni kuni:
 - (i) Hubachiisa Iyyataa kan dhihaate irratti Hojii Geggeessaan iyyata dhihaate irratti namni suni Ulaagaa Miseensa Garee Guutuu isaa ni murteessa; fi
 - (ii) Miseensa Garee jedhamee yoo fudhatame:
 - (A) Keeyyata 8 irratti hundaayee Ga'eessa moo Ijoollee/daa'ima jedhamee ramadamuu;
 - (B) Yoo Hubachiisa Iyyataa keessatti odeeffannoon baankii kennamee hin jiraatin, Miseensa Garee kan ulaagaa guutuuf kafaltii akka kennamuufiif jecha odeeffannoo baankii isaa akka kennu ni gaafatama.
 - (iii) Odeeffannoon biraa barbaachisaa ta'ee kan argamu yoo ta'e, odeeffannoolee ragaa eenyummaa raggaasisu, umrii fi Qodamiinsa Ida'ama mallaqa itti Waliif galamee kana keessatti hirmaachuuf ulaagaa guutuu ragaa muldhisani Hojii Geggeessaan yoo gaafate kennamuufi qaba;
 - (iv) Keeyyata 6 irratti hundaa'uun, mirga Miseensonni Garee argannoon Hubachiisa jalqaba kan Hojii Geggeessaan raawwatame irra deebi'amee haa laalamuu gaafachuu;
 - (v) Miseensi Garee tokko mirga gamaaggama gaafachuun mirga isaati/isiiti; fi
 - (vi) You Murtiin hojii geggeessaan irra deebi'amee laalama ta'e, dokumantii fi wantoonni biraa kan hojii geggeessaan Murtii isaa kennuuf itti fayyadaman Qaama irra deebi'ee laalu kanaaf akka laatamu miseensi Garee hayyama ni gaafatama.

6 Irra deebi'amee ilaalamuu (gamaaggama)

6.1 Mirga Irra deebi'amee ilaalamuu gaafachuu

- (a) Keeyyata 6.6 jalatti Miseensi Garee tokko Murtii hojii geggeessaan Miseensa Garee irratti kennaan akka irra deebi'amee ilaalamu gaafachuu dandaya:
 - (i) miseensi Garee kan ulaagaa guutu qoodamiinsa ida'ama Waliif galaa keessatti hirmaachuuf mirga qaba;
 - (ii) keeyyata 8(a)(ii) irratti hundaa'uun Ga'eessa yookin

Ijoollaa jedhamee ramadame

(Irra deebi'amee ilaalamuu).

- (b) Miseensi Garee tokko Karoora qoodamiinsa Ida'ama Waliif-galamee kana irratti hundaayuudhaan mirga Murtii hojii Geggeessaa kan biraa akka irra deebi'ani laalamu itti gaafatu hin qabu.

6.2 Adeemsa irra deebi'amee laalamu

Miseensi Garee Irra deebi'amee ilaalamuu gaafachuu yoo barbaade , dirqamatti:

- (a) Gaafa hubachiisni jalqabaa Miseensota Gareetiif ergamee irraa eegalee guyyaan dalagaa 10 osoo hin tarin Hojii Geggeessaf hubachiisa barreffamaan dhiheessuu qaba;
- (b) Sababa Miseensi Garee Murtiin hojii Geggeessaa sirrii miti jedhuufi maalif akka sirrii hin tahinif fi dokumantii ragaa siif ta'an dhiheessi; fi
- (c) Heeyyama Hojii Geggeessaan wantoota Keeyyata 6.4(c) keessatti ibsaman gama qaamaa dhuunfaaf dabarsee kennuu.

6.3 Irra deebi'anii ilaalamuu gaafachuu dhabuu

Guyyaa hubachiisni jalqabaa Hojii geggeessaan ergamu irra eegalee, miseensi Garee guyyaa dalagaa 10 keessatti kafaltiin Miseensa Gareetiif godhamu irra deebi'amee akka ilaalu barreffamaan yoo hin gaafatin, Murtiin hojii geggeessaan Hubachiisa qorannaa (notice of assessment) keessatti dhihaate kan dhumaati jedhamee fudhatama. akkasumas irra deebi'amee akka ilaalamu gaafachuunis hindanda'amu.

6.4 Adeemsa irra deebi'amee ilaalamuu

Hojii geggeessaan gaaffii irra deebi'anii laalu kan gamaaggamu fi Murtii itti kennu haala asii gaditti dhihaateeni:

- (a) Jalqaba irratti Hojii Geggeessaan gaaffii irra deebi'nii laaluu kan keeyyata 6.2 irratti hundaayanii galan ilaala, kanarratti hundaayee Murtii isaa kan jalqabaa jijjiiruu danda'a.
- (b) hojii geggeessaan Murtii isaa kan jalqabaa hin jijjiiru yoo ta'e, hojii geggeessaan gaaffii irra deebi'anii ilaalamuu dhihaate gara abbootii seeraa junior ta'an kan muuxannoo waggaa sadihii oli Victorian Bar keessatti qaban, kan Murtii jalqabaa hojii geggeessaan miseensi Garee qoodamiinsa mallaqaa keessaatti hirmaachuuf ulaagaa guutuu isaa keessatti Murtii godhame keessatii qooda hin fudhatinitti ergu qaba (**gamaaggamaa dhuunfaa**). qaamni dhuunfaa kan Murtii gamaaggamu (irra deebi'ee laalu) kuni yeroo muudamu murnoonni itti Waliif galuu qabu and yoo Waliif hin galle ta'e, hojii geggeessaan Himattootaaf Abokaatota (abbootii seeraa) sadi kan muuxannoo waggaa sadihi oli Victorian Bar keessatti qaban ni kennaaf. Sana keessaa Himattoonni nama tokko akka gamaaggamaa dhuunfaa isaaniif ta'u filatu.
- (c) Hojii geggeessaan guyyaa dalaga 5 keessatti gamaggamaa (nama gamaaggamu) dhuunfaa kanaaf wantoota asii gaditti eeraman kennuufii qaba:
 - (i) hubachiisa qooda fudhachuu Miseensa Garee;
 - (ii) hubachiisa jalaqabaa kan Miseensa Gareetiif ergame;
 - (iii) Gaaffii Murtiin akka gamaaggamamu (irra deebi'amee ilaalamu) itti gaafataniini fi dokumantii qarqaaruu danda'u kan Miseensa Gareetiin dhiyeesse; fi
 - (iv) dokumantiilee Miseensi Garee Hojii Geggeessaatti kennan;

- (v) Dokumantii hojii Geggeessaan Miseensi Garee Ida'ama mallaqaa itti Waliif galame argachuuf ulaagaa guutuu isaa adda baafachuuf irratti hundaayee Murtii kenneefi umrii Miseensa Garee.
- (d) Gamaaggamaan (namni gamaaggama godhe) dhuunfaa wantoota (kan akka documantii) hojii Geggissaa irra eega argatee guyyaa dalagaa 10 keessatti Murtiin Hojii geggeessaa sirii jedhee deeggaruun yookiin gamaaggama godhu jalatti Murtii hojii geggeessa bakka jijjiiramu qabu ibsu qaba **(Gamaaggamaa dhuunfaa)** fi Hojii Geggeessaaf ibsa gababaabaa kan sababa Murtii gamaaggamaa dhuunfaa ibsu dhiheessuu qaba;
- (e) San booda Hojii Geggeessaan:
 - (i) Murtii isaa kan Hubachiisaa jalqabaa ni jijjiira; yookiin
 - (ii) Qaamni gamaaggamaa dhuunfaa irraa Murtiin bira yoo dhaqqabe, Guyyaa dalagaa 10 keessaatti Hoji geggeessaan **“Hubachiisa Gamaaggamaa”** Miseensa Gareetiif ni erga. Achi Keessatti Hojii geggeessaan Murtii gamaaggama godhame irratti Miseensa Gareetiif ni erga, fi;
- (f) hojii Geggeessaan Galmee Miseensota Garee jijjiirama gamaaggama godhame irratti hundaa'uun yeroo jijjiiruun barbaachisetti jijjiiruu qaba.

6.5 Murtiin gamaaggamaan dhuunfaa kan dhumaatii fi kan cabsamuu hin qabne

Murtiin gamaaggama dhuunfaatiin godhamu kuni kan dhumaatii fi kan Hojii geggesseessani fi Miseensonni Garee iyyata gamaggamaa galfataniinillee fudhatamuu qabuudha.

7 Himannaa irra dhoorgamuu

Miseensi Garee odeeffannoo dhiheessuu qabu hojii geggeessaaf kan hin dhiheesine yoo ta'e, keeyyata 5(a)(iii) irratti hundaayuuun fi hubachiisota keeyyata 6.2 fi/yookiin keeyyata 6.4 kan asii olitti ibsasamanii fi yeroo keeyyattoota kana keessatti ibsametti hin dhiheessu yoo ta'e himannaa biraa himata kana ilaalchisee banuuf ni daangeeffama.

8 Shallaggii kafaltii Miseensota Garee ulaagaa guutaniif godhamu

Saffisaan hamma danda'ametti adeemsi gamaaggamaa keeyyata 6 jalatti yeroo xumurame, dirqamatti Hojii geggeessaan:

- (a) Kafaltii Miseensota Garee ulaagaa guutan hunda mala (haala) asii gadii kanaan ni shallaga:
 - (i) baasiin bakka buufamuu qabu Ida'ama Waliifgalaa irraa ni hirdhifama;
 - (ii) Hojii Geggeessaa Miseensota Garee kan qoodamiinsa ida'ama itti-Waliif galamee keessatti hirmaachuuf galmaahaniif safartuu kenna akka asii gaditti ibsametti:
 - (A) Miseensi Garee ga'eessaa kan ulaagaa guutu- safartuu 2
 - (B) Miseensi Garee ijoollee kan ulaagaa guutu- safartuu 1
 - (iii) hojii geggeessaan shallaga safartuu Miseensota Garee walii

galatti hagam akka ta'e ni raawwata; fi

- (iv) Hojii geggeessaa foormulaa asii gadiitti fayyadamuun miseensi Garee kan ulaagaa guutu hammam akka ta'e shallaga:

$$\text{Adult Eligible Group Member Payment} = 2x \frac{(\text{Settlement Sum} - \text{Reimbursement Amounts})}{\text{Total Number of Units}}$$
$$\text{Child Eligible Group Member Payment} = 1x \frac{(\text{Settlement Sum} - \text{Reimbursement Amounts})}{\text{Total Number of Units}}$$

9 Hubachiisa Qorannaa (Notice of Assessment)

Keeyyata 8 kan asii olii irratti hundaa'uushaa hojii geggeessaan kafaltii Miseensota Garee kan ulaagaa guutan eega shallagiin booda, Hojii geggeessaan miseensota gareetiif kan ulaagaa guutaniif hatattamaan hubachiisa qorannaa (notice of assessment) kan kafaltii miseensi garee argatu muldhisu ni erga kafaltii ida'ama walii galaa keessaa kafalamu.

10 Kafaltii ida'ama Waliif galaa keessaa kafalamu

10.1 baasii himataaf bakka bu'u

Ajajni raggaasisaa kennamee guyyaa dalagaa 20 keessatti, ida'ama Waliif galaa keessaa himataaf mallaqni bakka bu'u kafalamuufi qaba.

10.2 Kafaltii Miseensa Gareetiif

Guyyaa kana irraa guyyaa 60 keessatti:

- (a) Murtee irra dhumaa kan qaama dhuunfaatiin kennamee jira; yookiin
- (b) hubachiisni dhumaa kan jalqabaa kennamee , Miseensi Garee gamaaggama gaafate yoo hin jiraatin, Hojii geggeessaanis Miseensota Gareetiif kafaltii raabsuu qaba.

11 Hubachiisa Kafaltii Walii galteef godhamu

Erga gamaaggamni dhumateen booda fi Keeyyata 8 kan asii olii irratti hundaayuun hojii Geggeessaan kafaltii Miseensota Garee kan ulaagaa guutaniif godheen booda, Miseensota Garee hundaaf Hubachiisaa kafaltii Walii galteef kafalamee (Notice of Settlement Payment) ni erga, isa keessatti odeeffannoon isaa gadii jiraachuun dirqama:

- (a) Miseensa Gareetiif hamma kafalamu;
- (b) Akkamitti hojii geggeessaan Miseensa Gareetiif hammam akka kennamu akka itti herrege; fi
- (c) odeeffannoo baankii kan Miseensa Gareetiif mallaqni itti Waliif galame itti galuuf.

12 Hubachiisota

- (a) Karoora qodamiinsa Mallaqa Itti Waliif Galamee kanaan wal qabatee hubachiisni kamiyyuu or wanni himamuu qabu hundi, kenname fi abbaa ergameef dhaqqabe jedhama yoo kan:
 - (i) nama itti kenname kan ergameef yoo ta'e;
 - (ii) yookiin:

- (A) Imeelii abbaa Miseensa Garee kan Galmee irratti galmaahetti yoo ergamee fi emeeliin 'undelivered' (hin geessine jedhu nama ergeef yoo hin deebi'in; yookiin
 - (B) bakka Imeelii galmee Miseensa Garee keessaa argachuu hin dandeenyetti, poostaa dursee kafalameetiin (prepaid mail) gara teessoo nama saniitti ergama.
- (b) hubachiisaa fi qunnamtiin kamiyyuu kan ajaja keeyyata kanaan wil simatu kennames dhaqqabes jedhamee fudhatama:
- (i) Imeeliin ergama yoo ta'e, yeroma ergame sanitti;
 - (ii) Teessoo Australiyaa keessaa jirutti yoo ergame, guyyaa ergameen boodatti guyyaa dalagaa sadihi (business day) guyyaa ergame boodatti; yookiin
 - (iii) Teessoo biyya alaatti yoo ergame, guyyaa ergameen boodatti guyyaa dalagaa shan, guyyaa ergame boodatti.
- (c) Odeeffannoon qunnamtii kan Hoojii Geggeessaa kan asii gaditti dhihaatedha, hamma Hojii geggeessaa jijjiramuu hubachiisutti:
- Xalayaan: 50 Lonsdale St, Melbourne Victoria 3000
- Imeelii: COVID-19-Towers@health.vic.gov.au

13 Yeroo

- (a) Hojii Geggeessaan hojii bulchiinsaa kan Karoora qoodamiinsa mallaqaa guyyaa ajajni raggaasaa kenname irraa bultii 180 keessatti xumuruuf carraaquu qaba.
- (b) Kaayyoo Karoora qaadamiinsatiin akka wal simatu godhee, hojii geggeessaan yeroo yookiin waqtii barbaachisaa jedhee yaadutti tarkaanfii Karoora qoodamiinsa ida'ama Waliif galaa fudhachuu danda'u, yoo wanni daangeessu hin jiraatin.
- (c) Hojii geggeessaan Karoora qoodamiinsa ida'ama Waliif galamee jalatti yeroo waa itti dalagamu dheeressuu mirga guutuu qaba, yoo ajaja Mana Murtiitiin daangeeffame malee.
- (d) Karoora qoodamiinsa ida'ama Waliif galamee jalatti yeroon itti waa dalagan Mana Murtiitiin dheereffamuu yookiin gabaabfamuu danda'a.

14 Xumura Bulchiisa (kan Hojii Geggeessaa)

14.1 Gabaasa qoodamiinsaa

- (a) hojii Geggeessaan, Eega/erga kafaltii xumuraa ida'ama Waliif galtee keessaa godhameen booda guyyaa dalagaa 20 keessatti, Mana Murtiitiif gabaasa gabaabaa:
 - (i) Dimshaashatti mallaqa Miseensa Garee ulaagaa guutuuf hamma kafalame; fi
 - (ii) Lakkoofsa namoota Miseensa Garee kan Ida'ama Waliif-galaa keessaa qooda isaanii argatan.
- (b) erga gabaasa keeyyata 14.1(a) jalatti ibsame Mana Murtiitiin godhe boodatta, saffisaan yeroo danda'ametti Hojii Geggeessaan Himattootaa fi bakka bu'aa Himatamaatiif Mallaqani akkaawuntii qoodamiinsa keessa jiru hundi Karoora

qoodamiinsa mallaqaa, kaayyoo Karoora fi ajaja Mana Murtii irratti hunda'uun itti qoodamuu gabaasuufi qaba.

14.2 Xumura Qaama Bulchiinsaa

Yoo Manni Murtii hin ajajiniin alatti, Hojii geggeessaan hojii bulchiisummaa dhaabuu qaba xalayaa asii gadii kanarratti hundaayee:

- (a) Kafaltii Waliif-galtee hundi isaatuu Miseensota Garee kan Ulaagaa guutaniif Kafalee;
- (b) Keeyyata 10 0 irratti hundaayee kafaltiin barbaachisu hundi kafalamee;
- (c) Ida'imni Waliif-galaa hundi xumuramee (homaa keessaa kan hafe hin jiru); yookiin
- (d) Tumaalee gabaasa keeyyata 14.1 kan asii olii irratti huindaayee gabaasa dhiheessee.

15 Akka jechi itti hiikamu/hiikaa jecha kanaa

Hiikka asii gaditti kennameef qabaatu tarii qabiyyeen inni qabaatu adda yoo ta'e malee:

- (a) mata dureenii fi moggaasni mijannaaf qofaaf, fi akka jechi itti hiikamu irratti dhiibbaa hin qabaatu.
- (b) tokkichaana (singular) danuus (plural) of keessaa qaba, gama kaanitti yoo gara gales akkasumtti raawwatiinsa qaba.
- (c) koorniyaa (saala) jechuun saala hunda of keessatti hammata.
- (d) jechi yookiin gaaleen (Phrase) tokko hiikaan isaa ibsamee jira yoo ta'e, caaslugni (grammatical form) isaa kan biraa hiikkaa isaa walgitu qabaata.
- (e) maqaan namaa yeroo tuqamu of keessatti koorpooreeshina, adaraa, partinarshiippii (dalagaaf), dhaabbilee hin hundeeffamin yookiin qaama biraa, qaama seeraa biraa qabaateefi qabaatuu baatus.
- (f) Doolaara fi \$ kuni yeroo mul'ata Qarshii Australia irraa dubbatama jira jedhuudha.
- (g) yeroo hojiin nama raawwatameen tuqamu/ibsamu hojiin kuni kan akka daayreektara, qondaala, tajaajila nama kenna, nama bakka bu'ee dalagu yookiin abukaatoon akka Karoora qoodamiinsa ida'ama Waliif galteeti fi seera fi tumaalee karoora Waliif galtee irratti hundaayuun.